SAGANTAA SIYAASAA KALLACHA WALABUMMAA OROMIYAA

(KWO)

1. Kaayoo Masakaa

Kaayoon Masakaa Kallacha Walbummaa Oromiyaa(KWO) mirgi Sabni Oromoo hiree isaa ufiin murteejfachuuf qabu daangaa tokko malee hujii irra oolchuuf sirna kiyyoo-gabrummaatii fi Impaayera Itoophiyaa diiguudhaan, ummata bilisaa fi biyya walaba taate keessatti mootummaa birmaduu dimokraatawaa Oromiyaa (Independent Democratic Republic of Oromia) utubuudha. KWOn Mirgi hiree murteeffannoo ummatootaa,mirgi dhala namoomaafi mirgi dimokraasii ka saba tokkoo qofa osoo hintayin mirgoota sabaa fi ummatoota addunyaa guutuu akka taye waan ammauuf mirgi kun qabiyyeen isaa kan idilee addunyaati (universal right). Kanaafuu, KWOn mirga sabootaa fi ummatoonni birollee hiree-isaanii-mataa-isaanitiin murteeffachuuf qaban uggurii tokko malee fudhataaf. KWOn mirga dimokraasiitii fi mirga dhala-namoomaallee ni beeka; ni kabaja; hujii irra oolcha. KWOn mirga ummanni Oromiyaa hirree-ofii-mataa-ofiitiin murteeffachuuf qabu daangaa tokko malee hujii irra oolchuuf yoo qabsaawu, erga sirni impaayerummaa fi kiyyoo-gabrummaa diigameen booda tokkummaafedhii ummatoota walabaa fl wal- qixaa (Union of Free and Equal Nations) irratti hund'aawu uumamuu akka dandawu niamana. Haa ta'u malee, tokkummaan dimokraatawaa fi nageenni waaraa sirna kiyyoo–gabrummaa impayera ltoophiyaa keessatti uumamuu waan hindandeenneef tokkummaa osoo sirni kun hindiigamne kajeelamu KWOn gara-kutannoon dura dhaabbata. Karaan tokkummaa dimokraatawaa fi nagaya fulla'atti geessu hundee kiyyoo-gabrummaa kan taye impaayera ltoophiyaa hundeen buqqisuu keessa qaxxaamura jedhee amana KWOn. Mirgi ummanni Oromiyaa hiree-ofii-mataa-ofiitiin murteeffachuuf qabullee kan mirkanaawu yoo ummanni Oromiyaa mirga qabutti gargaaramee mootummaa isaa walaba labsachuuf murtii kennachuu dandaye qofa ta'a ejjannoo jedhu qaba.

Galii siyaasaa KWO:

1.1 KWOn Sirnni kiyyoo gabrrummaa caphee, Uummanni Oromoo bilisoomee, mirga hiree murteeffannaa isaa guutuu guututti kabachiisee, Sabanni Oroomoo mirga isaa kanatti dhimma bayee biyyya walabaa fi mootummaa mirmaduu taye dhaabachuu akka dandayuuf qabsaaya. KWOn erga sirnni

kiyyoo gabrummaa caphee Oromiyaan walaboomteen booda murtii Ummanni Oromoo mirga hiree murteefannaa isaatti faaydamee dabarsu kamuu ni kabaja;ni fudhata.

1.2 KWOn Oromiyaa walaboomte keessatti seera mootummoota gamtoomanii hunda ni kabaja.

1.3 KWOn Oromiyaa walaboomte keessatti dirmokraasii fi sirna Gadaa guddisuun walqixxummaa fi tokkurnmaa ummata Oromiyaa mirkaneessuu. Hundeen qabsoo Oromoo " Oromummaa" dha.

1.4 KWOn sirna mootumrnaa amantitti hidhaa hin qabnee fi amantii hundaa walqixa kabaju dhaaba. Mootummaan dhimma amantii keessa hin galu, amantiinis dhimma mootummaa keessa hinseenu.

1.5 KWOn Oromiyaa walaboomte keessattui Ummanni Oromoo karaa filannoo walabaa tayeen dhimma biyyaa fi Sabaa murteesuf aangoo ol'aanaa qaba jedhee amana.

1.6 Damee mootummaa kan seera murteessuu fi kan seera tiiksu walabummaa akka qabaatu gochuu.

1.7 KWOn labsi mirga dhala namaa, jaarmayoota tokkummaa mootummootaan labsaman hundaa kabajuu fi hujii irra oolchuu. Mirga dimokiraasii kan nam-tokkee fi gartuu kabajuu fi hujii irra oolchuu. Mirga dimokraasii kan namtokkee fi gartuu kan akka yaada ofii ibsachuu, ijaaramuu hunda ni kabaja.

2. Diinota qabsoo walabummaa Oromiyaa

2.1 Mootummaan Itoophiyaa ka sirna Impaayirummaatii fi kiyyoo-gabrummaa biyyichaa tiiksu diina qabsoo walabummaa Oromiyaati.

2.2 Humnootaa fi jaarmayootni Nafxanyaa kanneen aangoon mootummaa Itoophiyaa gita-bittuu Tigreetiin harkaa fudhatamtee deebifatanii,Impaayira Itoophiyaa tiiksuuf mirga hiree murteeffannaa ummatootaa dura dhaabbatan diina qabsoo kanaati.

2.3 Humnootni alaa kanneen Impaayirummaa Itoophiyaa tiiksuu irraa dantaa qabaachuun, mirkanaa'uu mirga hiree murteeffannaa ummatootaa dura dhaabbatan farra qabsoo bilisummaa Oromiyaati.

2.4 Humnootaa fi murnoonni akeeka ayyaan-laallattummaa, gantummaa fi

jilbiiffatummaa qabatanii Impaayiricha tiiksuu irraa dantaa qabaachuudhaan bilisummaa Oromiyaa dura dhaabbatan gufuu qabsoo walabummaa Oromiyaati.

2. Firoota qabsoo walabummaa Oromiyaa

3.1 Jaarmayoonni Oromoo walabaa, kanneen sirna kiyyoo-gabrummaa Itoophiyaa diiganii bilisummaa Oromiyaatiif qabsoo godhan hundumtuu firoota qabsoo walabummaa Oromiyaati.

3.2 Biyyootni,ummatoonni fi saboonni akkuma biyya Oromiyaatti kiyyoo kolonii Itoophiyaa jalatti kufan fi kanneen diigamuu sirna Impaayirummaatti amananii,walabummaa biyya isaaniitiif qabsaa'an firoota qabsoo bilisummaa Oromiyaati.

3.3 Namotni, dhaabbatootnii fi hummnootni sabaa fi sab-lammoonni cunqurfamoo keessaa ta'ee alaa kanneen mirga hiree murteeffannaa ummatootaa, dimokraasii,nagaa beekan, mirga-dhala-namoomaa kabajanii fi deeggaran firoota qabsoo bilisummaa Oromiyaati.

3.4 Biyyoonni, ummatoonni fi mootummoonni mirga ummata cunqurfamaa, dimokraasii, mirga-dhala-namoomaa fi nagaa deeggaranii fi gargaaran firoota qabsoo walabummaa Oromiyaati.

4. **Utubaa qabsoo Walabummaa Oromiyaa:**

4.1 Utubaan Qabsoo Walabummaa Oromiyaa Saba bal'aa Oromoo kanneen akeekaa fi sagantaa KWO fudhatanii qabsotti hirmaatanii fi birmataniidha.

5. Akeeka Diinagdee

5.1. Imaammata diingdee walmakaa kan fedha Oromoo tiksu (Market Economy) hordofuu.

5.2. Imaammata Diinagdee kan qabeenyi dhunfaa Oromootaa keessatti guddatu hordofna

5.3 KWOn imaammata Diinagdee kan nam tokkollee hin daangesine fi

malaamalttummaa irraa bilisa taye hordofa.

5.4 KWOn imaammata Diinagdee kan dhalli Oromoo hundi wal qixa irraa faaydamuu dandayu hordofa.

6. Dhimma Lafaa

6.1 KWOn bilisummaan Saba Oromoo kan mirkanaayu lafa qabaachuu, eeggachuu fi lafa isaa misoomsuudhaani jedhee amana; Kanaaf

6.2 KWOn lafti hanga ammaa Oromoon irraa buqqifamee akka ummata buqqifamef deebi'u garaa kutannoon irratti qabsaaya. Lafti Oromoo ta Oromooti jedhee amana.

6.3 KWOn lafati sababa misooma adda addaatin ummanni Oromoo irraa buqqifame irra deebi'ee laaluudhaan warra durgoon madaalawaan hin kennaminiif akka kaffalamuuf taasisa.

6.4 KWOn magalaaleen Oromiyaa hundi fedhii jiraattota magaalotaa sanii hordofuudhaan akka guddatan jajjabeessa

6.5 KWOn lafa misooma Oromiyaatif fudhatamu yoo jiraate ummata Oromoof gatiin gahaan akka kafalamu taasisa

6.6 KWOn haala lafti Oromoo gurguddoon abbottii qabeenyaa gurguddoon ittti fudhataman (land grab) irra deebi'amee akka ilaallamuuf seera baasa.

6.7 KWOn imaammata qonnaa kan qonnaan bultoonni kallaatiin irratti hirmaatan sirna agro industry hordofa.

6.8 KWOn imaammata diinagdee qonnaa kan bilisa ta'e (Market Economy) hordofa. Qoodni mootummaa leenjii, gargaarsa diinagdee fi barumsa fi kkf qofa ta'a.

7. Sagantaa Eeggumsa Uumaa Naannoo

7.1 Qabeenni uumaa Oromiyaa akka hin miidhamnee fi hin badne tiiksuu fi kan bade deebi'ee akka deebisanii ijaaruu, bosona Oromiyaa tiiksuu, bakka irraa dhumetti sagantaa deebisanii bosoneessuu daddaffiin diriirsuu.

7.2 KWOn qonnan bultoota Oromiyaaf xiyeeffannaa cimaa godha. Haala Qonnaan bultoonni kallatiin qabeenya isaaniitti faaydaman carraa

banaaf.

7.3 Warshaalee qulqullinna qilleensa naannoo summeessan too'achuu.

8. Sagantaa barnootaa

8.1 KWOn karoora qulqullina barumsaa (Quality Education) hordofa.

8.2 KWOn carraan barumsaa kan ummata Oromoo hundaa akka ta'u godha.

8.3 KWON Carraa barumsaa hanga sadarkkaa lammafaatti tolatti (free education) hundaaf banaa godha.

8.4 KWOn Kaarikulamii barmoota waaltawaa kan tiyoorii fi dalagaa wal fudhachiisan diriirsa..

8.5 KWOn Dhaabbata afaan qoratu waaltessuu, guddisuu fi babal'isuu akkasumas mana barnootaa fi meeshaalee barnootaa guddisu ijaara.

8.6 KWOn dhaabbattoota barmootaa kan ujoollee xixiqoof carraa dursaa kenna, Maatiin daa'imanii akka dhimma barmoota ujoolele isaaniirraa qooda akka qabaatan jajjabeessa.

8.7 Manoota barumsa ol'aanaa keessatti qaamota saayinsii fi teknooloojii irratti leenjisanii fi qoratan dhaaba

8.8 KWOn karoorri barumsaa qooda aadaa, seenaa, fi qorqalbii Oromoo akka ammatu taasisa..

9. Sagantaa fayyaa

9.1 KWOn mootummaan tajaajila fayyaa sadarkkaa duraa kafaltiin alatti bilaashatti akka keennu godha.

9.2 KWOn karorri barumsaa sadarkkaa hundatti karoora fayyaa akka ammatu taasisa.

9.3 KWOn seera hojjatoota fayyaa, Doktaroota, narsootaa fi namoota ogummaa fayyaa qaban hundaaf fayyadu baasa.

9.4 KWON aadaa guddinnaa fi qaroominna hawaasa Oromiyaatti gufuu ta'an barmootaan jijiira.

9.5 KWOn karoora gandoota Oromoo hunda keessatti haadhotaa fi abbootiif

barumssa fayyaa kennu hordofa.

9.6 KWOn sababni dhukkuba dadarbbaa guddaan hanqina bishaan dhugaatii qulqulluu waan tayeef gandi Oromoo hundi bishaan dhugaatii ququllaawaa akka argatu karoora baasa.

9.7 KWOn maatiin Oromoo hundi dhimma fayyaa fi dhimma wal hormaataa irratti leenjii kenna.

9.8 KWOn karoora manni tajaajila fayyaa dhunfaa akka babal'atu jajjabeesu, gargaaru fi qindeesuu baasa.

9.9 KWOn karoora sadarkkaa fi qulqullina manneen tajaajila fayyaa kan akka Hospitaalaa, Clinikii fi dhaabbata fayyaa itti eeggamu baasa

10. Hujii fi Hojjataa

10.1 KWOn karoora hujii haarawa uumuu, fi hujii dhunfaa kan akka daldala dhunfaa babal'isuu hordofa.

10.2 KWOn carraa hujii qonnaa, baadiyaa fi magaalaa kan nama hojjachuu danda'u hundaaf sagantaa carraa hujii argamsiisu diriirsa.

10.3 KWOn karoora hujii dhabllummaan akka xiqqatu ji'a ji'aan hordofee hujii uumu kaaya.

10. Dubartii

10.1 KWOn dubartoonni hawaasa keessatti karaa siyaasaa, diinagdee fi aadaa walqixxummaa fi fuula hujii hundaa irratti qixxummaan hirmaachuu isaanii ni mirkaneessa, ni tiksa, seeraan kabachiisa. Heeruma dubrra waggaa 18 gadii seeraan dhoowwa. Aadaa buttaan fuudhuu, dirqiin heerumsiisuu fi walgaraan fuudhu seeraan dhoowwa.

10.2 KWOn dubartoonni hundee maatii waan tayaniif humnnaan gudeeddii, miidhaa sammuu fi qaamaa dubartootarra akka hin geenne seeraan tiksa.

10.3 KWOn seera abbaa qabeenyummaa haadha manaa fi abbaa manaa tiksu baasa. Seera dubartoonni mana isaanii keessaa akka hin ari'amnne tiksu baasa.

11. **Imaammata hajaa alaa**

11.1 Imaamanni qunnamtii alaa walaba ta,ee akeeka ollummaa gaarii fi sagantaa dagaaginna godinaa fi adunyaa irratti walgargaaruu ta'a.

11.2 KWOn imaammata hajaa alaa kan dhimma walii keeyssa hin galle hordofa.

11.3 KWOn karoora fedhiin waliin jiraachuu irratti hundeeffamuun filmaata ummatni Oromiyaa heeraummattoota biraa walii tolfatu, tokkummaa politikaa, bilisummaa abbaa biyyummaa fi dantaa walii tiiksuu irratti hundeeffamu uumachuu hordofa.

12. Gahee Mootummaa:

12.1 Gaheen mootummaa karoora dhimma gudina qabeenna biyya, karoora barumsaa, karooora fayyaa fi nagaha biyyaa raawwachiisuu

12.2 KWOn seera mootummaan qabeenya dhunfaa keessa akka harka hin galfanne dhoowwu baasa.

12.3 KWOn mootummaan bakkoota qabeenyi dhunfaa hin dhaqabnne qofarratti akka xiyyeefatu godha.

12.4 KWOn karoora gibiraa madaalawaa (fair tax system) ka ummata hin miiine baasee hujiirra oolcha.

12.5 KWOn miidhaan qabeenyaa horachuu kan wagggoota 100 oliif ummata keenya miidhe akka haqamu godha. Qbeenyi ummataa akka guddatu karoora baasa. Guddinni argames kan turu akka tayu karoora baasa.

13. Mirga dhala namaa, Bilisummaa, fi walqixummaa hordofuudhaan dhimmoota armaan gaditti tuqaman kan mootummaa gabroomfataan biyyaa fi ummata keenayarratti fe'aman ni haqa.

13.1

- Seerota faallaa mirga dhala namaa tayan (all anti human right laws imposed by wayyane regieme)
- Reebicha nama hidhamee (torturing of detained people)
- Hidhaa seeraan alaa (arbitrary arrest)

- Doorsisa fisodhachisaa (intimidation and bullying)

13.2 KWOn mana seeraa walaba uuma. Qaamni seera tumuu fi ka hiiku adda baasa

13.3 KWOn olaantummaan seeraa Oromiaa keessatti hujiirra oolcha. Mootummas taye lammin seeraa olii hin jiraatu.

13.4 miidhaan nama aaddaan qoodun godhamu kamuu Oromiyaa keessatti fudhatama hin qabaatu

13.5 Mootummaan dhimma amantii keessa hin seenu. Amntiinis dhimma mootummaa keessa hin galu. KWOn amantii Oromoon hordofu hunda wal qixa ilaala.

13.6. Hidhaan, ajjeechaa fi doorsisaan seeraan alaa Oromiyaa keessatti bakka hin qabaatu.

14. DIMOKRACY:

14.1 KWOn Yeroo ammaa Etoopia keessa mirgi dimokraasii hin jiru, kun ka godhe uumama biyyattiin itti tolfamte jedhee amana.

14.2 KWOn uf keessaa fi Oromiyaa keessatti sirnni dimokraasii akka dagaagu ciminaan hojjata.

14.3 KWOn mirgi dimokraasii lammii Oromoo hundaa akka kabajamu godha.

14.4 KWOn sirnnni polotikaa party hedduu (multy party political system) akka hujirra oolu hojjata

14.5. KWOn mirgi dubbachuu, barreesuu, ijaaramuu, hirrira nagahaa bayou, fi yaada ufii bilisa ta'anii ibsachuu Oromiyaa keessatti akka mirkanaayu qabsaaya.

14.6 Oromiyaa Walaboomte keessatti aangoon ol'aanaan kan Ummataati

14.7 Oromiyaa Walaboomte keessatti mirgi dhunfaa fi mirgi waloo ni kabajama. Tokko tokkoratti dhiibbaa hin qabaatu

14.8 Oromiyaa Walaboomte keessatti aangoon mootummaa filannoo bilisaa fi madaalawa taye qofan argama.

Oromiyaan ni walaboomti!!